

**Qajeelfama Haala Ramaddii Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe**

Gurmaa'insa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa bifa haaraan qoratame irratti hundaa'uun ramaddii Abbootii Alangaa haala ifaa fi loogii irraa bilisa ta'een raawwachuuf hojimaata iftoomina qabu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Aangoo fi hojii Mana Hojichaatiif seeraan kenname karaa bu'aa qabeessa ta'een raawwachuuf akka danda'amu ramaddii Abbootii Alangaa Naannichaa beekkumsa, dandeettii fi naamusa isaan qaban irratti hundaa'uun irra deebiin raawwachuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lak.214/2011 keewwata 27(2) tiin qajeelfamni kun bahee jira.

**Kutaa Tokko**

**Tumaalee Waliigalaa**

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Qajeelfamni kun “Qajeelfama Haala Ramaddii Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa Lak.11/2011” jedhamee waamama.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Qajeelfama kana keessatti:

- 1) **“Mana Hojii”** jechuun Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi caasaalee isaa sadarkaan jiran jechuu dha.
- 2) **“Ramaddii”** jechuun Manni Hojichaa jijjiirama gurmaa'insaa fi caasaa taasisuun Abbootii Alangaa Naannichaa bifa haaraan bu'uura qajeelfama kanaatiin irra deebiin ramaduu jechuudha.
- 3) **“Labsii”** jechuun Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lak.214/2011 jechuu dha.
- 4) **“Daarektoreetii yookiin Adeemsa Hojii”** jechuun hojiilee jalqabaa hanga dhumaatti akka raawwatan tuuta Abbootii Alangaa, ogeessotaa fi hoojjattoota biraa qabachuun ergamaa fi mul'ata Mana Hojichaa galmaan gahuuf kan gurmaa'e jechuudha.
- 5) **“Garee Hojii”** jechuun Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin itti gaafatamaa yookiin Daarektoreetii yookiin Adeemsa hojii jalatti hojiilee jalqabaa hanga dhumaatti akka raawwatan tuuta Abbootii Alangaa, ogeessotaa fi hoojjattoota biraa qabachuun ergamaa fi mul'ata Mana Hojichaa galmaan gahuuf kan gurmaa'e jechuudha.

- 6) **“Daarektara”** jechuun Abbaa Alangaa Daarektoreetii Mana Hojichaa hoogganu ta’ee Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbiis kan dabalatuudha.
- 7) **“Abbaa Adeemsa Hojii”** jechuun Abbaa Alangaa Adeemsa hojii caasaalee mana hojichaa sadarkaa Godinaa yookiin Aanaa yookiin Magaalaa hoogganu jechuudha.
- 8) **“Qindeessaa Garee Hojii”** jechuun Abbaa Alangaa Garee hojii Mana Hojichaa yookiin caasaalee Mana Hojichaa sadarkaan jiran kan qindeessu jechuudha.
- 9) **“Dandeettii Barbaachisaa”** jechuun Abbootii Alangaa sadarkaa Naannoo hanga Aanaa yookiin Magaalaatti jiran irra deebiin ramaduuf sadarkaa fi gosa barnootaa akkasumaas muuxannoo hojii barbaachisaa isa xiqqaa gaafatamu jechuudha.
- 10) **“Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii”** jechuun akkaataa ulaagaalee madaallii Qajeelfamaan tumameen Abbootii Alangaa akka madaalaman taasisuun bu’aa isaa yaada murtii waliin Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa Waliigalaatiif yookiin sadarkaa Godinaatti Gumii **Godinaatiif** dhiyeessuuf koree dhaabbate jechuudha.
- 11) **“Koree Qulqulleessituu Komii”** jechuun komiiwwan calalli dhimma ramaddii irratti ka’an qulqulleessuudhaan **yaada murtii** Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa Waliigalaatiif yookiin sadarkaa Godinaatti Gumii **Godinaatiif** dhiyeessuuf koree dhaabbate jechuudha.
- 12) **“Koree Olaanaa”** jechuun Koree Bu’uura Qajeelfama Haala Ramaddii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.11/2011, kwt.2(15)tiin dhaabbate jechuudha.
- 13) **“Muuxannoo Hojii Barbaachisaa”** jechuun tajaajila hojii ogummaa Abbaa Alangummaan yookiin abbaa seerummaan yookiin abukaatummaan yookiin ekiispartii seeraatiin yookiin barsiisummaa barumsa seeraatiin kenname ta’ee, yeroo turtii Leenjii Hojiin Duraas kan dabalatuudha.
- 14) **“Dandeettii”** jechuun Abbaan Alangaa beekumsa qabu hojiitti ramaduuf yookiin hojiiwwan manni hojichaa kaayyoo karoofate bifa guutuu dandeessisuun fi haala **quubsaadhaan** raawwachuuf ga’umsa barbaachisuudha.

### 3. Ibsa Koornayaa

Qajeelfama kana keessatti jechi koornaya dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.

### 4. Daangaa Raawwatiinsaa

1) Qajeelfamni kun:

- (a) Abbootii Alangaa, Abbootii Adeemsa, Qondaala naamusaa, itti gaafatamtoota waajjiraalee haqaa fi Qindeessitoota dhaddachaalee fi Garee hojii Biiroo Haqaa Oromiyaa duraaniifi Caasaalee isaa sadarkaan jiran ;fi

(b) Abbootii Alangaa Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa fi Abbaa Taayitaa Galiwwan Oromiyaa fi caasaalee isaanii sadarkaan jiran keessa hojjachaa jiran ta'ee, akkaataa qajeelfama kanaatiin gara Mana Hojichaatti dhufanii hojjachuuf dorgoman irratti raawwatiinsa ni qabaata.

2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) jalatti tumame jiraatuus, qajeelfamichi Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Itti Aantota Abbaa Alangaa Waliigalaa irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

### **Kutaa Lama**

#### **Qajeeltoowwan Bu'uuraafi Adeemsa Ramaddii Abbootii Alangaa**

##### **5. Qajeeltoowwan Bu'uura**

- 1) Ramaddiin gaggeeffamu hojii Mana Hojichaa bu'aa qabeessaa taasisuu fi Abbaa Alangaa akkaataa gahumsa isaatiin iddoo sirrii isaaf malutti ramaduu bu'uura kan godhate ta'uu qaba.
- 2) Ramaddiin gaggeeffamu haala loogii irraa bilisa ta'e, iftoominaa qabuu fi itti gaafatamummaa mirkaneessuun raawwatamuu qaba;
- 3) Ramaddiin Abbootii Alangaa gaggeeffamu bu'uura qajeelfama kanaatiin kan raawwatamu ta'a.

##### **6. Abbaa Alangaa ta'anii ramadamuuf Ulaagaa ramaddii isa xiqqaa Guutamuu Qabu**

Abbaan Alangaa tokko akkaataa Qajeelfama kanaatiin ramadamuudhaaf ulaagaalee armaan gadii guutee argamuu qabu:

- 1) Abbaa Alangaa ta'ee bakka Manni Hojichaa ramadutti deemee hojjachuuf fedhii guutuu qabaachuu;
- 2) Qophaa'ina barnootaa ilaalchisee, barnoota Seeraatiin:
  - (a) Digrii jalqabaa(LLB)qabaatee, bara 2003 fi sanaa as kan eebbifamee yoo ta'e, qormaata darbiinsa **barnoota olaanaa** (Exit exam) qabaachuu;
  - (b) Dippiloomaa Kolleejjiitiin yookiin 10+3 yookiin;
  - (c) Leevelii IVn eebbifamee ragaa qormaata mirkaneessa gahumsa ogummaa (COC) darbuu agarsiisu qabaachuu.

3) Madaalliin raawwii hojii walitti aansee yeroo lamaaf guutameef **giddu galeessaan % 50 fi isaa ol;**

- 4) Naamusa gaarii qabaachuu; fi
- 5) Araadaa fi baala sammuu namaa hadoochu irraa bilisa ta'u.

##### **7. Tariiba Hojii Ramaddiin Abbootii Alangaa Hordofuu Qabu**

Ramaddiin Abbootii Alangaa tariiba armaan gadii hordofee raawwatamuu qaba:

- 1) Ramaddiin osoo hin gaggeeffamin dura haala waliigala qajeelfamichaa irratti **hubannoo uumuu;**
- 2) Koreewwan hojii kanaaf barbaachisan akkaataa qajeelfama kanaatiin hundeessuu fi qajeelfama hojii kennuu;
- 3) Ragaalee fi pirofaayiliin Abbootii Alangaa sadarkaa naannoo, akkasumas qindeessummaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaatiin Ragaalee fi pirofaayiliin Godinaa, Aanaafi Magaalaa bakka jirutti akka mallattaa'u taasisuu;
- 4) Ragaalee fi pirofaayilii Abbootii Alangaa qindaa'e Koree Calaltuu Dhimma Ramaddiif kennuun hojii jalqabsiisuu;
- 5) Abbootiin Alangaa akka madaalamaniif beeksisa ramaddii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi caasaalee isaa sadarkaan jiran keessatti iddoo ifa ta'etti maxxansuun guyyaa hojii sadiif akka turu taasisuu;
- 6) Akkaataa beeksisaa maxxanfame irratti ibsameen Abbootii Alangaa ramaddiif dhiyaatan sadarkaa mana hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaatti yookiin manneen hojii Abbaa Alangaa sadarkaan jiraniitti galmeessuu;
- 7) **Qaamni dirqamaafi naamusa Abbootii Alangaa madaaluu qabu madaallii akka raawwatu taasisuu;**
- 8) Qaamni dirqamaa fi naamusa Abbootii Alangaa madaale qabxii kenne murtiif **Gumii Waliigalaatiif yookiin Gumii Godinaatiif** dhiyeessuu fi mirkaneessisuu;
- 9) Qabxii madaallii qaamolee adda addaatiin Abbaa Alangaatiif kenname **Gumii Waliigalaatiin yookiin Gumii Godinaatiin** mirkanaa'e gama Bulchiinsa Qabeenya Namaatiin Koree Calaltuu Dhimma Ramaddiitiif dabarsuu;
- 10) Koreen Calaltuun Dhimma Ramaddii Calallii Ramaddii Gaggeessuu;
- 11) Yaada murtii calallii dhimma ramaddii Gumii Waliigalaatiif **yookiin Gumii Godinaatiif** dhiyeessuun mirkaneessisuu;
- 12) Ramaddii mirkanaa'e akka maxxanfamu taasisuu;
- 13) Ramaddii gaggeeffame irratti komiin yoo dhiyaate keessummeessuun gabaasa isaa Gumii Waliigalaatiif **yookiin Gumii Godinaatiif** dhiyeessuun sirreeffama barbaachisaa taasisuu;
- 14) Ramaddii mirkanaa'e irratti hundaa'uun Abbaa Alangaatiif xalayaa ramaddii kennuun iddoo ramadame irratti hojii jalqabsiisuu.

## **8. Ramaddii Abbaa Alangaa Barumsa Irra Jiruu**

Abbaan Alangaa beekamtii Mana Hojichaatiin barumsa yookiin leenjii waggaa tokkoo fi isaa ol fudhatu ulaagaa isa xiqqaa sadarkaa irra jiruu kan guutu yoo ta'e sadarkama jirutti kan ramadamu ta'a.

#### 9. Madaallii Qaamolee Deeggarsa Dabalataa Barbaadanii

- 1) Madaallii Abbootii Alangaa yeroo gaggeeffamu qaama miidhamtootaaf qabxii waliigalaa argatan irratti qabxiin afur (4) dabalataan kennameefii kan ramadaman ta'a.
- 2) Madaallii Abbootii Alangaa yeroo gaggeeffamu dubartootaaf qabxii waliigalaa argatan irratti qabxiin sadii (3) dabalataan kennameefii kan ramadaman ta'a.
- 3) Abbaan Alangaa tokko deeggarsa dabalataa tokkoo oliin fayyadamaa yoo ta'e qabxii deeggarsa dabalataa olaanaan tokko qofa kan qabamuuf ta'a.

#### 10. Ramaddii Abbaa Alangaa Yeroo Madaallii Hin Argamnee

- 1) Abbaan Alangaa yeroo madaalliin gaggeeffamu sababa **hayyama dahumsaatiin** osoo hin madaalamin hafe ragaa qabatamaa dhiyaatu irratti hundaa'ee madaalamee akka ramadamu ni taasifama.
- 2) Abbaan Alangaa yeroo madaalliin gaggeeffamu **sababa humnaa olii** kanneen akka **seeraan to'atamuu** yookiin **dhukkubaan** osoo hin madaalamin hafe ragaa qabatamaa dhiyaatu irratti hundaa'ee madaalamee ni ramadama.

#### 11. Ramaddii Abbaa Alangaa Naamusaan Himatamee

- 1) Abbaan Alangaa balleessaa naamusaatiin shakkamee **dhimmi isaa qulqullaa'aa** jiru yookiin adeemsa himannaa irra jiru yookiin murtii hojiirraa gaggeeffamuutiin ala balleessaa naamusaatiin adabame madaalamee **ramaddii argachuu irraa hin dhorkamu**.
- 2) Abbaan Alangaa balleessaa naamusaatiin itti murtaa'ee hojiirra gaggeeffame murtiin kenname **ol'iyannoodhaan** kan diigame yoo ta'e ramaddii kan argatu ta'a.

#### 12. Ramaddii Abbaa Alangaa Qormaata Darbiinsa Hin Qabnee

Abbaan Alangaa qormaata darbiinsa **barnoota olaanaa** (exit exam) hin qabne **bakka sadarkaan barnoota isaa guututti madaalamee ni ramadama**.

Kutaa Sadi

Ulaagaalee Madaalliifi Ramaddii Abbootii Alangaa

Kutaa Xiqqaa Tokko

Ulaagaa Ramaddii Isa Xiqqaa

13. Ulaagaa Isa Xiqqaa Abbaan Alangaa sadarkaa Naannoo irra jiru naannoo irratti **Ramadamuuf guutuu qabu**

- 1) Abbaan Alangaa sadarkaa naannoo irra jiru naannoo irratti ramadamuuf:
  - (a) Sadarkaa barnootaa LL.B yookiin LL.B fi MA yookiin LL.M yookiin PhD qabaachuu;
  - (b) Muuxannoo hojii LL.B yoo ta'e, waggaa 6 fi sanaa ol; LL.B fi MA yoo ta'e, waggaa 5 fi sanaa ol; LL.M yoo ta'e waggaa 4 fi sanaa ol; PhD yoo ta'e waggaa 2 fi sanaa ol qabaachuu; fi
  - (c) **Kallattiin ramadamuun yookiin barumsa fooyyeffachuun** kanaan dura **guddinna sadarkaa oleetiin** yookiin murtii Gumii Waliigalaatiin gara naannootti kan guddate akkuma jirutti ta'ee, sadarkaa Godinaa irratti Abbaa Alangaa ta'ee kan tajaajile ta'uu qaba.
- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1(c) jalatti tumame jiraatus, Gumiin Waliigalaa Abbootii Alangaa sochiin hojii isaanii gaarii ta'e, **leenjii addaa qabu, dandeettii olaanaa fi muuxannoo hojii gahaa qaba jedhee amanu** haala addaatiin naannoorratti ramaduu ni danda'a.
- 3) Abbaan Alangaa sadarkaa naannoo irra jiru ulaagaa ramaddii isa xiqqaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tarreeffaman hin guunne ulaagaa isa xiqqaa Godina irratti barbaachisu kan guutu yoo ta'e, Godina Gumiin Waliigalaa murteessu irratti kan ramadamu ta'a.
- 4) Abbaan Alangaa sadarkaa naannoo irra jiru ulaagaa ramaddii isa xiqqaa sadarkaa Godinaa irratti barbaadamu kan hin guunnee fi kan sadarkaa Aanaa yookiin Magaalaa irratti barbaadamu kan guutu yoo ta'e, murtii Gumii Waliigalaatiin Aanaa yookiin Magaalaa irratti kan ramadamu ta'a.
- 5) Abbaan Alangaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3 fi 4 tiin Godina yookiin Aanaa yookiin Magaalaa irratti ramadamu qabxii madaallii sadarkaa naannootti madaalamee argateen ta'a.

#### **14. Ulaagaa Isa Xiqqaa Abbaan Alangaa Sadarkaa Godinaa irra jiru Godina irratti ramadamuuf guutuu qabu**

- 1) Abbaan Alangaa sadarkaa Godina irra jiru Godina irratti ramadamuuf:
  - (a) Sadarkaa barnootaa LL.B yookiin LL.B fi MA yookiin LL.M yookiin PhD qabaachuu;fi
  - (b) Muuxannoo hojii LL.B yoo ta'e, waggaa 4 fi sanaa ol; LL.B fi MA yoo ta'e, waggaa3 fi sanaa ol; LL.M yoo ta'e waggaa 2 fi sanaa ol, PhD yoo ta'e waggaa 1 fi sanaa ol qabaachuu qaba.
  - (c) **Barumsa fooyyeffachuun yookiin kallattiin godinarratti ramadamuun yookiin guddinna sadarkaa oleetiin yookiin murtii Gumii Waliigalaatiin kanaan dura gara**

Godinaatti kan guddate akkuma jirutti ta'ee, sadarkaa Aanaa yookiin Magaalaa irratti Abbaa Alangaa ta'ee kan tajaajile ta'uu qaba.

- 2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1(c) jalatti tumame jiraatus, Gumiin Waliigalaa Abbootii Alangaa sochiin hojii isaanii gaarii ta'e, leenjii addaa qabu, dandeettii olaanaa fi muuxannoo hojii gahaa qaba jedhee amanu haala addaatiin Godina irratti ramaduu ni danda'a.
- 3) Abbaan Alangaa sadarkaa Godinaa, ulaagaa ramaddii isa xiqqaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tarreeffaman hin guunne ulaagaa isa xiqqaa sadarkaa Aanaa yookiin Magaalaa irratti barbaachisu kan guutu yoo ta'e, Gumiin Waliigalaa Aanaa yookiin Magaalaa irratti ni ramada.
- 4) Abbaan Alangaa bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 3 tiin Aanaa yookiin Magaalaa irratti ramadamu qabxii madaallii sadarkaa Godinaatti madaalamee argateen ta'a.

#### **15. Ulaagaa isa xiqqaa Abbaan Alangaa Sadarkaa Aanaa yookiin Magaalaa irratti ramadamuuf guutuu qabu**

- 1) Abbaan Alangaa kamiyyuu Aanaa yookiin Magaalaa irratti ramadamuuf:
  - (a) Sadarkaa barnootaa Dippiloomaa Seeraa yookiin Leevelii IV yookiin LL.B yookiin LL.B fi MA yookiin LL.M qabaachuu; fi
  - (b) Muuxannoo hojii Dippiloomaa seeraa yookiin Leevelii IV yoo ta'e waggaa 4 fi sanaa ol; LL.B yookiin LL.B fi MA yookiin LL.M yoo ta'e waggaa 0 fi sanaa ol qabaachuu qaba.
- 2) Abbaan Alangaa **ulaagaa ramaddii isa xiqqaa** keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tarreeffaman hin guunne kamiyyuu ramaddiif dhihaachuu kan hin dandeenye yoo ta'u, haalli ramaddii isaa **koree olaanaaf** dhihaatee kan murtaa'u ta'a.

**Kutaa Xiqqaa Lama**

**Ulaagaa Madaallii**

#### **16. Ulaagaalee Madaallii Waliigalaa**

Abbaan Alangaa kamiyyuu ulaagaalee madaallii gabatee armaan gadii keessatti tarreeffaman irratti hundaa'uun madaalamee kan ramadamu ta'a.

**Gabatee 1. Ulaagaalee fi Keniinsa Qabxii Madaalli Abbootii Alangaa**

T.L.	Ulaagaa Madaallii	Qabxii %100 keessaa kennamu	Madda Ragaa
1.1	Bu'aa Madaallii Raawwii Karooraa	25	Raawwii Karoora Hojii Wagga
1.2	Dirqama Abbaa Alangaa Tokko Irraa Eegamu	30	Abbaa Alangaa Waliigalaa ykn itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa ykn itti gaafatamaa ykn Daarekteera olaanaa yookiin qindeessaa Dhaddachaa yookiin Abbaa Adeemsaa yookiin Qindeessaa garee hojii fi raawwattoota mana hojichaa ykn Daarektoreeticha ykn Adeemsicha ykn Garicha jala jiran
1.3	Naamusa Abbaa Alangaa	30	Abbaa Alangaa Waliigalaa ykn itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa ykn itti gaafatamaa ykn Daarekteera olaanaa yookiin qindeessaa Dhaddachaa yookiin Abbaa Adeemsaa yookiin Qindeessaa garee hojii fi raawwattoota mana hojichaa ykn Daarektoreeticha ykn Adeemsicha ykn Garicha jala jiran
1.4	Qulqullina kuusaa	5	Kuusaa Dhuunfaa Abbaa Alangaa Iddoo hojjachaa turetti argamu
1.5	Sadarkaa Barumsa	10	Ragaa Barumsa xumuruu agarsiisu
	Ida'ama	100	

**17. Bu'aa Madaallii Raawwii Karoora Hojii(%25)**

- 1) Bu'aan Madaallii Raawwii Karoora Hojii qabxii %25 keessaa kan qabamu ta'ee, giddugaleessi bu'aa raawwii hojii **yeroo lama** argame 0.25'n baay'atee qabama.
- 2) Bu'uura Qajeelfama kana keewwata 6(3)tiin Abbaan Alangaa ramaddiif dhiyaatu bu'aa raawwii hojii yeroo lamaa qabaachuu qaba. Bu'aan raawwii kunis kan **waggaa tokkoo isa dhiyoo** ta'uu qaba.
- 3) **Qajeelfama kana keewwata 6(3)** fi keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatus, madaalliin yammuu gaggeeffamu Abbaan Alangaa madaalliin bu'aa



raawwii hojii yeroo lamaa yoo hin qabaanne koreen calaltuu dhimma ramaddii ragaa qabatamaa, amansiisaa fi quubsaa irratti hundaa'ee **bu'aa raawwii hojii yeroo tokkoo qoffi** akka qabamuuf murteessuu ni danda'a.

- 4) Abbaan Alangaa **bu'aa raawwii hojii dhiyoo**, gamaaggama karoora raawwii hojii yeroo lamaa yookiin yeroo tokkoo guutame hin qabne ulaagaalee ramaddii kanneen birootiin madaalamee ida'amni qabxii %75 keessaa argatan gara %100' tti jijjiirameefii kan ramadamu ta'a.

#### **18. Haala Kenniinsa Qabxii Dirqama Abbaa Alangaa Irraa Eegamu(%30)**

Adeemsi raawwii kenniinsa qabxii dirqama Abbaa Alangaa haala hirmaachisaa ta'een kan raawwatamu ta'ee:

- 1) Abbootii Alangaa Biiroo Haqaa duraanii fi Caasaalee isaa sadarkaan jiru keessa turan ilaalchisee:
- (a) Abbaa alangaa sadarkaa naannootti Abbaa Adeemsa yookiin Qindeessaa Dhaddacha Dhaabbii yookiin Qindeessaa Garee Hojii ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin Itti Aanaan Abbaa Alangaa Waliigalaa fi raawwattootni Adeemsicha yookiin Dhaddacha Dhaabbii yookiin Garicha keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;
  - (b) Abbaa alangaa sadarkaa Godinaa irratti itti gaafatamaa Mana Hojii ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin Abbaa Alangaa Waliigalaa fi raawwattootni Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinicha keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;
  - (c) Abbaa Alangaa sadarkaa Godinaa irratti Abbaa Adeemsa ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin itti gaafatamaan Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa fi raawwattootni Adeemsichaa keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;
  - (d) Abbaa Alangaa sadarkaa Godinaa irratti Qondaala naamusaa ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin itti gaafatamaan Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa fi raawwattootni Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinicha keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;
  - (e) Abbaa Alangaa sadarkaa Aanaa yookiin Magaalaa irratti itti gaafatamaa Mana Hojjichaa ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin itti gaafatamaan Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa fi raawwattootni Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanicha yookiin Magaalicha keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;

- (f) Abbaa Alangaa sadarkaa Aanaa yookiin Magaalaa irratti Abbaa Adeemsaa ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin itti gaafatamaan Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanichaa yookiin Magaalichaa fi raawwattootni Adeemsichaa keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;
- (g) Abbaa Alangaa sadarkaa Aanaa yookiin Magaalaa irratti Qondaala naamusaa ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin itti gaafatamaan Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanichaa yookiin Magaalichaa fi raawwattootni Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanicha yookiin Magaalicha keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;
- (h) Abbaa Alangaa sadarkaa hundarrattuu raawwataa ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin Abbaan Adeemsaa yookiin Qindeessaan Dhaddacha Dhaabbii yookiin Qindeessaan Garee Hojii fi raawwattootni Adeemsichaa yookiin Dhaddacha Dhaabbii yookiin Garicha keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;
- 2) Qabxiin akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin guutame Gumii Waliigalaa yookiin Gumii Godinaatiif dhiyaatee erga mirkanaa'een booda gama Bulchiinsa Qabeenya Namatiin qindaa'ee Koree Calaltuu Dhimma Ramaddiitiif dhiyaachuu qaba.
- 3) Abbootii Alangaa Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa ilaalchisee:
- (a) Abbaa Alangaa daarektara yookiin Abbaa Adeemsaa ta'ee hojjachaa tureef qabxiin Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa, Qindeessaa mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaatiin bakka bu'eefi raawwattoota daarektoreeticha yookiin Adeemsicha keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;
- (b) Abbaa Alangaa qindeessaa garee ta'ee hojjachaa tureef qabxiin qindeessaan akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3(a) tiin bakka bu'ee fi raawwattootni garicha keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;
- (c) Abbaa Alangaa raawwataa ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin qindeessaan akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3(a) tiin bakka bu'ee fi raawwattootni daarektoreeticha yookiin garicha keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;
- 4) Abbootii Alangaa Abbaa Taayitaa Galiiwwanii fi Caasaalee isaa sadarkaan jiran Ilaalchisee:
- (a) Abbaa Alangaa Daarektara yookiin Abbaa Adeemsaa ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin daarektarri olaanaan yookiin Itti aanaan daarektara olaanaa yookiin itti

gaafatamaan wajjiraa fi raawwattootni dareektoreeticha yookiin adeemsicha keessa waliin hojjataniin kennamu jiddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;

(b) Abbaa Alangaa qindeessaa garee ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin daareektarri yookiin Abbaan Adeemsa yookiin itti gaafatamaan waajjiraa fi raawwattootni Daareektoreetichaa yookiin Adeemsicha keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;

(c) Abbaa Alangaa sadarkaa hundarrattuu raawwataa ta'ee hojjachaa jiruuf qabxiin daareektarri yookiin Abbaan Adeemsa yookiin Qindeessaan Garee fi raawwattootni dareektoreetichaa yookiin Adeemsichaa yookiin Garicha keessa waliin hojjataniin kennamu giddugaleessi isaa kan qabamuuf ta'a;

5) Qabxiin madaallii dirqama abbaa alangaa kamiyyuu ulaagaalee Qajeelfama kana gabatee lak.2ffaa jalatti tarreeffamaniin kan raawwatamu ta'a.

6) Qabxiin akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (3) fi (4)tiin madaalame gama Bulchiinsa Qabeenya Namaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigaa fi caasaalee isaatiin qindaa'ee Koree Calaltuu Dhimma Ramaddiitiif dhiyaachuu qaba.

### Gabatee 2. Dirqama Abbaa Alangaa Tokko Irraa Eeggamu

T.L	Ulaagaalee Madaallii	% 30	Qabxii Kenname	Madda Ragaa
2.1	Mul'ata, Ergama, Duudhaalee fi Kaayyoo Mana Hojii isaa hubachuun hojiirra oolchuu	2		Abbaa Alangaa Waliigalaa ykn
2.2	Gita hojii irratti ramadame irratti beekumsa ogummaa gahaa ta'e qabaachuu	2		itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa ykn
2.3	Akka Abbaa Alangaatti gahee hojii itti kennamee fi dirqama irraa eeggamu beekuun kaka'umsaan hojjachuu	4		itti gaafatamaa ykn
2.4	Dandeettii fi beekumsa qabu fayyadamuun hojii itti kenname istaandaardii eegee saffinaan raawwachuu	3		Daarekteera olaanaa yookiin qindeessaa
2.5	Dandeettii fi beekumsa qabu fayyadamuun hojii itti kenname qulqullinaa fi bu'a qabeesummaa olaanaadhaan raawwachuu	3		Dhaddachaa yookiin Abbaa Adeemsa yookiin
2.6	Gahee hojii akaakuu hojiitiin ibsamani fi ajaja seera qabeessa biroo Itti Gaafatamaa hojii irraa	4		Qindeessaa

	kennamu fudhachuu fi raawwachuu			garee hojii fi
2.7	Hojiilee raawwatu hunda bu'uura Heeraafi Seeraatiin akkasumas hojimaata taa'e hordofuun ummata tajaajiluu	4		raawwattoota mana hojichaa ykn
2.8	Maammiltoota keessaa fi alaa keessummeessuuf fedhii fi kaka'umsa qabu	3		Daarektoreetich a ykn
2.9	Hanqinootaa fi rakkinaalee hojii irratti mudatan tooftaan hiikuuf gahumsa qabu	2		Adeemsicha ykn Garicha jala jiran
2.10	Hojii Daarektoreetii/Adeemsa/Garee isaa miira gareetii fi qindoominaan hojjechuu fi hirmaannaa hojii garee keessatti agarsisu	3		
	<b>Ida'ama</b>	<b>30</b>		

### 19. Haala Kenniinsa Qabxii Naamusa Hojii Abbaa Alangaa (%30)

- 1) Adeemsi raawwii kenniinsa qabxii Naamusa Abbaa Alangaa haala hirmaachisaa ta'een qaamotaafi akkaataa Qajeelfama kana keewwata 18 keewwata xiqqaa (1-4) fi (6) jalatti tumameetiin kan raawwatamu ta'a.
- 2) Qabxiin madaallii naamusa abbaa alangaa ulaagaalee Qajeelfama kana gabatee lak.3ffaa jalatti tarreeffamaniin kan raawwatamu ta'a.

### Gabatee 3. Naamusa Hojii Abbaa Alangaa Irraa Eegamu Ilaalchisee

T.L.	Ulaagaalee Madaallii	% 30	Madda Ragaa
3.1	Tajaajilamtoota keessaa fi alaa bifaan, sanyiin, sabaan, saalaan, qooqaan, amantaan, miidhaa qamaatiin, dhufiinsa hawaasummaatiin, qabeenyaan, dhalootaan, ilaalcha siyaasaatiin fi ejjannoo biroon garaagarummaa osoo hin uumin hojii isaa seera qofa bu'uura godhachuun hojjachuu	3	Abbaa Alangaa Waliigalaa ykn itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa ykn
3.2	Naamusa ogummaa Abbaa Alangummaa gabbifachuun hojii isaa naamusaa fi gahumsa olaanaan raawwachuun tajajila si'ataa, haqa qabeessaa fi qulqullina qabu kennuu	4	itti gaafatamaa ykn Daarekteera olaanaa ykn qindeessaa
3.3	Gochoota ogummaa Abbaa Alangummaa tuffachiisan kanneen akka machaa'anii hojii galuu, iddoo hin taanetti argamuu, araadaan qabamuu, uffannaa oggummaa isaa waliin hin deemne uffachuu fi kan kana fakkaatan irraa	2	Dhaddachaa ykn Abbaa Adeemsa ykn Qindeessaa

	bilisa ta'uu		garee hojii fi raawwattoota mana hojichaa ykn Daarektoreeticha ykn Adeemsicha ykn Garicha jala jiran
3.4	Malaammaltummaa irraa bilisa ta'uun hawaasaa tajaajiluu	3	
3.5	Akkaataa sa'aatii hojii mootummaa murtaa'een sa'aa hojii mootummaa kabajuun yeroon hojii galuu fi bahuu	3	
3.6	Sa'aatii hojii mootummaa hojii mootummaatiif qofa oolchuu	2	
3.7	Hojii biroo ogummaa Abbaa Alangummaa waliin walitti bu'u yeroo fi iddoo kamittuu hojjachuu dhabuu	2	
3.8	Kenniinsa Tajaajilaa irratti maamila alaa fi keessaa fuula gaariin simachuu; yaada isaanii dhaggeefachuu; seeraan keesummeesuu; deddeebisuu, arrabsuu fi ifachuu irraa of qusachuu,	2	
3.9	Hojii isaa haala iftoomina qabuun raawwachuu, tajaajilamtootaa fi garee hojii isaatiif odeeffannoo guutuu fi sirrii kennuu, murtiiwwan kennuuf sababaa fi ibsa gahaa ta'e kennuu	2	
3.10	Dhimmoota iccitiin qabamuu qaban iccitiin eeguu	2	
3.11	Meeshaalee fi qabeenya mana hojii raawwii hojiif kennamaniif kamiyyuu qusachuu, seeraan itti fayyadamuu, eeguu fi kunuunsuu	1	
3.12	Waltajjii gamaaggamaa fi raawwi hojii irratti adda durummaan hirmaachuu, manni hojii akka fooyya'u yaada ijaarsaa kennuu fi muuxannoo qabu kanneen birootiif qoodu	2	
3.13	Faayidaa hawaasaa fi mootummaatiif dursa kennuun hojjachuu	2	
	<b>Ida'ama</b>	<b>30</b>	

## 20. Qulqullina Kuusaa Dhuunfaa Abbaa Alangaa(%5)

- 1) Qulqullinni kuusaa dhuunfaa abbaa alangaa qabxii %5 keessaa murtii Gumiin Waliigalaa yookiin Godinaa kenne sakatta'uun kan qabamu ta'ee, akkaataa gabatee lakkoofsa 4ffaa armaan gadii keessatti ibsameen kan raawwatamu ta'a.

- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, manneen hojii Gumii hin qabne murtiin balleessaa naamusaa qaama aangoo qabuun kennamee galmee dhuunfaa isaa keessa jiru kan ilaalamu ta'a.

#### Gabatee 4. Haala Kenniinsa Qabxii Qulqullina Kuusaa

T.L	Tarkaanffii Naamusaa Fudhatame	Qabxii Hir'ifamu	Qabxii Kennamuuf
4.1	Sadarkaa mindaa fi hojii irraa gadi buusuu	5	0
4.2	Dhoorkaa dabala mindaa gulantaa tokkoo	4	1
4.3	Adabbii mindaa ji'a lama hin caalle	3	2
4.4	Of eeggannoo barreeffamaan kenname	2	3
4.5	Of eeggannoo afaanii kenname	1	4
4.6	Adabbii tokkollee kan hin qabne	0	5

#### 21. Haala Kenniinsa Qabxii Sadarkaa Barnootaa

- 1) Qabxiin madaallii sadarkaa barnootaa %10 keessaa kan qabamu ta'ee, haalli kenniinsa qabxii isaa:

- (a) Dippiloomaa yookiin Leevelii IVf -----%5;
- (b) LLBf -----%7;
- (c) LLB+MAf -----%8;
- (d) LLMf -----% 9;fi
- (e) PhDf-----%10 kan kennamu ta'a.

- 2) Sadarkaan barnootaa kan qabamu barnoota xumuruu kan ibsu ragaa barnootaa orijinaala yookiin sartafikeetii yeroof kenname kan qabxii mul'isu yoo dhihaate qofa ta'a.

#### 22. Qabxii Darbiinsaa Isa Xiqqaa

Bu'uura Qajeelfama kanaatiin Abbaan Alangaa ramaddii argachuu kan danda'u ulaagaalee madaalliif ka'amaniin madaalamee ida'ama qabxii waliigalaa % 50 fi isaa ol yoo argate qofaadha.

#### Kutaa Afur

#### Hundeeffama, Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Koreewwanii

#### 23. Hundeeffama

- 1) Koreewwan armaan gadii Qajeelfama kanaan hundeeffamanii jiru.
- (a) Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii;fi
  - (b) Koree Qulqulleessituu Komii.

- 2) Kan keewwata kana keewwata 1 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, kaayyoo Qajeelfama kanaatiif jecha Koreen Olaanaan bu'uura Qajeelfama Haala Ramaddii Hojjattoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak.11/2011, kwt.2(15)tiin dhaabbate Qajeelfama kanaanis beekamtiin kennameefii barbaachisaa ta'ee yoo argamu aangoofi hojii isaaf kenname kan hojjatu ta'a.

#### **24. Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii**

- 1) Koreen Calaltuu Dhimma Ramaddii miseensota Sadi (3) qabu sadarkaa naannoo, Godinaa fi Aanaa yookiin magaalatti kan hundaa'u ta'ee; miseensotni isaa kan armaan gadiitti tarreeffaman ta'a.
  - (a) Abbaa Alangaa Waliigalaatiin yookiin Itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa yookiin Aanaa yookiin Magaalatiin kan bakka bu'u nama tokko...Walitti Qabaa;
  - (b) Abbootii Alangaatiin kan filataman namoota lama (bakka dubartiin jirtutti tokko dubartii) .....Miseensa;
  - (c) Bulchiinsa Qabeenya Namaa irraa kan bakka bu'u nama tokko.... .....sagalee malee barreessaa.
- 2) Miseensonni koree keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsaman kan filataman Abbaa Alangaa keessaa ta'ee bakka Abbaan Alangaa gahaan hin jiretti hojjattoota bulchiinsaa keessaa kan filataman ta'a.

#### **25. Itti waamama Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii**

Itti waamamni Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii sadarkaan jiru qaamota armaan gadiitiif ta'a:

- 1) Sadarkaa naannootti, Abbaa Alangaa Waliigalaatiif;
- 2) Sadarkaa Godinaatti, itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaatiif;fi
- 3) Sadarkaa Aanaa yookiin Magaalatti, itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa yookiin Magaalatiif ta'a.

#### **26. Gahee Hojii Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii**

Koreen Calaltuu Dhimma Ramaddii aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Karoorra calallii dhimma ramaddii qopheessuudhaan, akkaatuma haala isaatiin Abbaa Alangaa Waliigalaatiif yookiin itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaa korichi itti hundaa'eetti dhiyeessee erga raggaasiseen booda calallii ramaddii Abbootii Alangaa ni raawwata;
- 2) Adeemsi calallii ramaddichaa haala hirmachisummaa fi iftoomina qabuun akka raawwatamu ni taasisa;

- 3) Ragaaleen Abbootii Alangaa gama Bulchiinsa Qabeenya Namaatiin gurmaa'ee akka dhiyaatuuf ni taasisa; sirrummaa isaa ni sakatta'a; ni mirkaneeffata;
- 4) Ragaan ifa hin taanee fi shakkisiisaa ta'e yeroo qunnamu karaa Bulchiinsa Qabeenya Namaatiin akka qulqullaa'u ni taasisa; barbaachisaa ta'ee yoo argame Abbaa Alangicha qaaman dhiyeessisee ni dubbisa;
- 5) Calalliin yammuu xumuramu yaada murtii ramaddii Abbaa Alangaa Waliigalaa yookiin Itti Gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa yookiin Aanaa yookiin Magaalaatiif dhiheessuun Gumii Waliigalaatiin yookiin Gumii Godinaatiin akka mirkanaa'u ni taasisa;
- 6) Adeemsa raawwii calallii dhimma ramaddii keessatti rakkoolee qunnaman, furmaata kennamee fi kan humnaa ol ta'an irratti gabaasa yeroo yeroon akkaatuma haala isaatti Abbaa Alangaa Waliigalaatiif yookiin itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa yookiin Aanaa yookiin Magaalaatiif ni dhiyeessa;
- 7) Dhimmoata fi murteewwan calallii dhimma ramaddichaa ilaallatan kamiyyuu hanga mirkanaa'anii ibsamanitti iccitiin ni qabata.

## **27. Gahee Hojii Walitti-Qabaa Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii**

Walitti qabaan Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Gahee hojii bu'uura Qajeelfama kana, Keewwata 26 tiin Koree Calaltuu Dhimma Ramaddiitiif kennaman ni raawwachiisa;
- 2) Ramaddiin Abbootii Alangaa haaluma karoorfameen hanga xumuramutti Koree Calaltuu Dhimma Ramaddichaa ni qindeessa; ol'aantummaan ni hooggana;
- 3) Ajandaaleen marii sirnaan qindaa'anii yeroodhaan akka dhiyaatanii fi walgahii Korichaatiin akka ragga'an ni taasisa;
- 4) Mariin walgahichaa dhimmoota ajandaadhaan qabaman qofa irratti akka xiyyeeffatuu fi ijoo dubbichaatii ala akka hin baane ni too'ata; yeroo murtaa'etti akka eegalamuu fi xumuramu ni taasisa;
- 5) Miseensa Koree Calaltuu Dhimma Ramaddichaa jidduutti garaagarumaan yaadaa yammuu uumamu furmaata kennuudhaan akka waliigalamu ni taasisa; kan humnaa ol ta'e, akkaatuma haala isaatti Abbaa Alangaa Waliigalaatiif yookiin itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaan jiruuf dhiyeessee furmaata akka argatu ni taasisa;
- 6) Adeemsa raawwii Hojii calallii dhimma Ramaddii irratti yeroo yeroodhaan akkaatuma haala isaatti Abbaa Alangaa Waliigalaatiif yookiin itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaan jiraniif gabaasa ni dhiyeessa;



- 7) Koree Calaltuu Dhimma Ramaddichaa bakka bu'uudhaan walgahii fi marii dhimma ramaddii Abbootii Alangaa ilaallatan irratti ni hirmaata, gaaffii dhiyaatuuf ibsa barbaachisaa ta'e ni kenna;
- 8) Seerotni rogummaa qaban, tumaaleen Qajeelfama kanaa fi murtiileen dhimmoota ramaddii Abbootii Alangaa ilaallatan sirriitti hojiirra ooluu isaanii ni hordofa; ni mirkaneessa;
- 9) Calallii dhimma ramaddii taasifamu ilaalchisee akkaatuma haala isaatti hojiilee Abbaa Alangaa Waliigalaatiin yookiin itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa alangaa sadarkaa isaatiin kennamaniif kanneen biroo ni raawwata.

## **28. Gahee Hojii Barreessaa Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii**

Barreessaan Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Wal-duraa-duuba ajandaalee marii qopheessuun akka murtaa'u Walitti Qabaa Korichaatiif ni dhiyeessa;
- 2) Galmeelee hojiiwwan Korichaa adda addaatiif barbaachisoo ta'an banuudhaan ni gurmeessa; yammuu barbaadamu ni dhiyeessa;
- 3) Bulchiinsa Qabeenya Namaa waliin ta'uudhaan haalota fiixaan bahiinsa walgahiiwwan Korichaatiif gargaaran ni mijeessa; qophiiwwan barbaachisu ni taasisa;
- 4) Bu'uura kallattii walitti-qabaadhaan kennamuun, guyyaa walgahiitiin dura, guyyaa tokko dursee ajandaa walgahichaatii fi sanadoota yookiin barreeffamoota barbaachisoo ta'an waliin wal-qabsiisuun miseensota Korichaatiif waamicha wal-gahii ni dabarsa.
- 5) Walgahiiwwan Korichaa hunda sirriitti galmeessee ragaadhaan ni qaba; qaboo-yaa'ii walgahii Korichaa irratti miseensonni argaman akka mallatteessan ni taasisa; qaboowwan-yaa'ii, sanadootaa fi ragaalee Korichaa gurmeessee of-eegannoodhaan ni qabata;
- 6) Murteewwan Korichaa gabaabsee ni qopheessa; kallattii walitti qabaarraa kennamu irratti hundaa'uun qaamolee isaan ilaallatuuf ni dabarsa;
- 7) Gabaasa raawwii hojiilee Korichaa qindeessee ni qabata; tajaajila barreeffamaa adda addaa ni kenna;
- 8) Dhimma Calallii Ramaddii ilaalchisee hojiilee biroo Walitti Qabaadhaan yookiin Korichaan kennamuuf ni raawwata.

## **29. Koree Qulqulleessituu Komii**

1) Koreen Qulqulleessituu Komii miseensota sadi(3) qabu sadarkaa naannoo yookiin Godinaatti kan hundaa’u ta’ee; miseensotni isaani akka armaan gadiitti kan tareeffaman ta’a.

(a) Abbaa Alangaa Waliigalaatiin yookiin Itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaatiin kan bakka bu’an nama tokko,.....Walitti Qabaa;

(b) Abbootii Alangaatiin kan filataman namoota lama(bakka dubartiin jirtutti tokko dubartii) .....Miseensa;

(c) Bulchiinsa Qabeenya Namaatiin kan ramadamu nama tokko.....sagalee malee barreessaa.

2) Miseensonni koree keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ibsaman kan filataman Abbaa Alangaa keessaa ta’ee bakka Abbaan Alangaa gahaan hin jiretti hojjattoota bulchiinsaa keessaa kan filataman ta’a.

### **30. Itti-Waamama Koree Qulqulleessituu Komii**

Itti waamamni Koree Qulqulleessituu Komii sadarkaan jiru qaamota armaan gaditiif ta’a:

1) Sadarkaa naannootti, Abbaa Alangaa Waliigalaatiif;

2) Sadarkaa Godinaatti, Itti Gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaatiif ta’a.

### **31. Aangoo fi Hojii Koree Qulqulleessituu Komii**

Koreen Qulqulleessituu Komii sadarkaan jiru aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Guyyaa ramaddiin raawwatamee bu’aan ramaddichaa beeksifame irraa eegalee komii barreeffamaan dhiyaatuuf ni simata; ni qorata;

2) Komii dhiyaate adeemsa hordofame, ragaa dhiyaatuu fi seera jiru walbira qabuun ni xiinxala;

3) Komii dhiyaate qulqulleessuun yaada murtii waliin Gumii Waliigalaatiif yookiin Gumii Godinaatiif dhiyeessuun ni mirkaneessisa; murtii kenname qaama komii dhiyeesse barreeffamaan ni beeksisa;

4) Qaama murtii kenname irratti komii qabuuf garagalcha murtii ni kenna.

### **32. Adeemsa Komiin Itti Dhiyaatuu fi Itti Keessummaa’u**

1) Abbaan Alangaa ramaddii raawwatame irratti komii qaba jedhu kamiyyuu komiin isaa akka ilaalamuufi furmaatni akka kennamuuf guyyaa bu’aan ramaddii beeksifame irraa eegalee guyyaa hojii torba keessatti Koree Qulqulleessituu Komiitiif barreeffamaan iyyannoo dhiheeffachuu ni danda’a.

2) Abbootiin Alangaa sababni yookiin ka’umsi komii isaanii walfakkaatu bakka-bu’aa tokkoon iyyannoo isaanii gareedhaan dhiyeeffachuu ni danda’u.

- 3) Abbaan Alangaa sababa humnaa oliitiin daangaa yeroo Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame keessatti komii isaa dhiyeeffachuu hin dandeenye, guyyoota hojii itti aanan shan keessatti komii isaa dhiyeeffachuu qaba.
- 4) Korichis guyyaa komiin barreeffamaan dhiyaateef irraa eegalee guyyoota hojii torba hin caalle keessatti qulqulleessee bu'aa qorannichaa yaada murtii waliin akkaatuma haala isaatti Gumii Waliigalaatiif yookiin Gumii Godinaatiif dhiyeessuu qaba.
- 5) Gumiin Waliigalaa yookiin Gumiin Godinaa yaada murtii bu'uura Keewwata kana, keewwata xiqqaa 4tiin dhiyaateef ilaalee guyyoota hojii torba hin caalle keessatti yaada murtii Korichaa raggaasuu yookiin fooyyessuu yookiin Korichi dhimmicha irra-deebi'ee akka qulqulleessu ajajuu ni danda'a.
- 6) Murtiin bu'uura Keewwata kana, keewwata xiqqaa 5tiin kenname guyyaa murtichi kenname irraa eegalee guyyaa hojii lama keessatti komii dhiyeeffataaf barreeffamaan kennamuu qaba.
- 7) Abbaan Alangaa Aanaa yookiin Magaalaa murtii Gumiin Godinaa kenne irratti komii qabu guyyaa murtichi barreeffamaan isa gahe irraa eegalee guyyaa hojii kudhan keessatti ol'iyyata isaa Gumii Waliigalaatiif dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 8) Gumiin Waliigalaa komii bu'uura Keewwata kana, keewwata xiqqaa 7tiin dhiyaateef ilaalee guyyoota hojii shan hin caalle keessatti murtii kennuu qaba. Murtiin Gumichi kennu isa dhumaa ta'a.
- 9) Abbaan Alangaa sadarkaa Naannoo fi Godinaa murtii Gumiin Waliigalaa kenne irratti komii qabu guyyaa murtichi barreeffamaan isa gahe irraa eegalee guyyaa hojii shan keessatti murtichi irra deebi'amee akka ilaalamuuf iyyata isaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiif dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 10) Abbaan Alangaa Waliigalaa iyyata akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 9 tiin dhihaate qulqulleessuun guyyoota hojii shan keessatti yaada murtii waliin Gumii Waliigalaatiif kan dhiheessu ta'a.
- 11) Gumiin waliigalaa guyyaa yaadni murtii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 10 tiin dhihaateef irraa eegalee guyyoota hojii 2 keessattii murtii kennuu qaba. Murtiin Gumichi kennus kan dhumaa ta'a.
- 12) Murtiin bu'uura Keewwata kana, keewwata xiqqaa 8 fi 11 tiin kenname guyyaa murtichi kenname irraa eegalee guyyaa hojii lama keessatti komii dhiyeeffataaf barreeffamaan kennamuu qaba.

### **33. Ulaagaa Filannoo Miseensota Koreewwanii**

Filannoon miseensummaa Koree Calaltuu Dhimma Ramaddiis ta'e Koree Qulqulleessituu Komii sadarkaa kamiifiyyuu taasifamu, ulaagaalee armaan gadii irratti bu'uureffatee raawwatamuu qaba:

- 1) Amalaa fi naamusa gaarii kan qabu, Mana Hojichaa fi Abbootii Alangaa Mana Hojichaa biratti fudhatama kan qabu;
- 2) Loogii irraa bilisa kan ta'e, iccitii hojichi barbaadu eeguu kan danda'u;
- 3) Abbootii Alangaa mana hojichaa ija walqixa ta'een ni ilaala jedhamee kan itti amanamu;
- 4) Mana Hojichaa yookiin Caasaalee isaa sadarkaan jiran keessatti ji'a jahaafi sanaa ol kan tajaajile;
- 5) Araada adda addaa sammuu namaa adoochu irraa bilisa kan ta'e;
- 6) Koreewwan keessatti hojjachuuf kakka'umsa kan qabuu fi Miseensota Korichaa waliin walta'iinsaafi waliigalteen hojjachuu kan danda'u.

#### **34. Miseensummaa Irraa Ka'uu Yookiin Haqamuu**

- 1) Walitti qabaan yookiin miseensi yookiin barreessaan Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii kamiyyuu:
  - (a) Dhimmi isaa yammuu ilaalamu; yookiin
  - (b) Abbaa Alangaa dhimmi isaa ilaalamaa jiru waliin walitti bu'iinsa yookiin firooma dhiigaa yookiin fuudhaaf heerumaa kan qabu yoo ta'e; dhimmuma kana qofaaf, hanga mormiin irratti ka'u osoo hin eegin, sababa isaa Korichaaf ibsee walgahicha keessaa yeroodhaaf ka'uu qaba.
- 2) Walitti qabaan, miseensi yookiin barreessaan Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii kamiyyuu gochoota armaan gadii raawwatee yoo argame , murtii Abbaa Alangaa Waliigalaatiin yookiin itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaan jiruutiin miseensummaa irraa kan haqamu:
  - (a) Dhimma Korichaan ilaalamaa jiruun walqabatee iccitii yoo baase yookiin ragaa yookiin qaboo-yaa'ii Korichaa nama miseensa Korichaa hin taaneef yoo mul'ise yookiin yoo ibse yookiin yoo kenne;
  - (b) Adeemsa raawwii calallii dhimma ramaddichaa keessatti loogii yoo mul'ise;
  - (c) Of-eeggannoofi tattaaffii dhimmichi barbaadu yoo taasisuu dhabe;
  - (d) Akkaataa Keewwata kana Keewwata-xiqqaa (1)(b) tiin tumameen, dhimmicha ilaaluu, walgahii sana keessatti hirmaachuu yookiin murtii kennuu akka hin malle osoo beeku, ofuma isaatiin miseensummaa irraa ka'uu osoo qabuu, kana raawwachuu dhabuun isaa yoo irra gahame.

### **35. Sirna Walgahii Koreewwanii**

- 1) Hojiin Koree bu'uura Qajeelfama kanaan hundaa'e kamiyyuu miseensonni korichaa hundinuu bakka argamanitti walgahiin gaggeeffamuu qaba.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatullee, sababa humnaa ol ta'een miseensonni koree yoo hir'atan, walitti qabaa dabalatee walakkaa fi isaa ol (%50+1) yoo argaman yaa'iin akka guutuu ta'etti fudhatamee hojii korichaa gaggeessuun ni danda'ama.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatullee, bakka bu'otaa Abbootii Alangaa keessaa yoo xiqqaate miseensi tokko argamuu qaba.

### **36. Haala Qabiinsa Ajandootaa fi Sirna Adeemsa Marii**

- 1) Barreessaan Korichaa mariin osoo hin eegalamin duratti bu'uura Qajeelfama kana, Keewwata 35 tiin yaa'iin guutuu ta'uu ni mirkaneessa.
- 2) Guutamni yaa'ichaa erga mirkanaa'een booda walitti-qabaan, ajandaa walgahichaa ni beeksisa;
- 3) Korichi ajandaa walitti-qabaadhaan qophaa'ee dhiyaateef xiinxalee ni raggaasisa.
- 4) Keewwata kana, keewwata xiqqaa (3) jalatti kan tumame jiraatullee, dhimmi ariifachiisaan yookiin wayitaawaa bira darbamuu hin malle miseensota irraa dhiyaachuu fi akka ajandaa dabalataatti qabamuu ni danda'a.
- 5) Bu'uura Keewwata kana, keewwata xiqqaa (4)tiin dhimmi miseensota irraa dhiyaatu, miseensota Korichaa keessaa harka-tokko keessaa harka sadiin (1/3<sup>ffaan</sup>) yoo deegarame ajandummaan ni ragga'a.
- 6) Korichi marii kan gaggeessu tokkoon tokkoo ajandoota ragga'an irratti akkaatuma wal-duraa-duuba isaanitiin ibsa gabaabaa itti kennamu yookiin qaama yookiin nama dhimmichi ilaallatu irraa gabaasa dhiyaatu dhageeffachuudhaan ta'a.
- 7) Kan Keewwata kana, keewwata xiqqaa (6) jalatt tumame jiraatullee, ajandaan Abbaan Alangaa Waliigalaatiin yookiin itti gaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaa korichaatiin dhiyaatu yookiin dhimmi ariifachiisaa ta'e yeroo kamittuu dursi kennameefii irratti mari'atamuu qaba.

### **37. Sirna Kenniinsa Murtii**

- 1) Koreen Qajeelfama kanaan hundaa'e kamiyyuu murtii kamiyyuu kan dabarsu walgahii idileetiin yookiin wal-gahii ariifachiisaa yookiin wal-gahii addaa akkaatuma barbaachisummaa isaatiin waamamuun ta'a.

- 2) Walitti qabaan Korichaa dhimmoota ka'an irratti mariin gahaa erga gaggeeffameen booda adeemsi marichaa akka cufamuu fi murtiin itti-kennamu ni taasisa.
- 3) Kan Keewwata kana, keewwata xiqqaa (2)n ibsame jiraatullee, dhimmicha irratti murtii kennuun kan rakkisu yookiin marii yookiin ragaa dabalataa kan barbaadu ta'ee yoo argame, yookiin sababoota amansiisoo ta'an birootiin ajandaa qabame irratti murtii kennamuu qabu yeroo biraatiif dabarsuun ni danda'ama.
- 4) Korichi murtii kan dabarsu, hanga danda'ametti, sagalee wal-ta'iinsa-waliigalaatiin (by consensus) ta'ee, yaada-murtii tokko irratti mormiin yoo jiraachuu baate, gara kenniinsa sagaleetti ce'uun osoo hin barbaachifne deeggarsaa sagalee guutuu argatee wal-ta'iinsa-waliigalaatiin akka murtaa'etti ni lakkaa'ama.
- 5) Kan Keewwata kana, Keewwata-xiqqaa (4) jalatti ibsame jiraatullee, dhimma falmisiisaa yookiin ulfaataa ta'e irratti garaagarummaan yaadaa bal'aan uumamee, walta'iinsa-waliigalaatiin murteessuun yoo dadhabame, miseensota walgahicha irratti argaman keessaa yaadni-murtii sagalee caalmaatiin (simple majority) (%50+1) deeggarame murtii Korichaa ta'a.
- 6) Sagaleen deeggarsaa fi mormii wal-qixa yoo ta'e, yaadni-murtii walitti-qabaadhaan deeggarame murtii Korichaa ta'a.
- 7) Kan Keewwata kana, Keewwata-xiqqaa (5) fi (6) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, qabxii bu'uurawaafi murteessaa ta'e irratti, yaadni garaagarummaa miseensi Korichaa dhiyeesse yookiin yaadni sagalee xiqqaa (minority) sababa waliin **qaboo-yaa'ii** irratti akka galmaa'u ni taasifama.
- 8) Walitti-qabaan, yaada-murtii Korichaa xumura wal-gahichaatiin booda, yeroo gabaabaa keessatti, akkaatuma haala isaatiin, Abbaa Alangaa Waliigalaatiif yookiin ittigaafatamaa Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaa sanaatiif akka gahu taasisuu qaba.

### **38. Hojii fi Itti gaafatmummaa Mana Hojichaa fi caasaalee isaa sadarkaan jiranii**

Manni Hojichaafi caasaaleen isaa sadarkaan jiran Hojii fi Itti gaafatmummaa armaan gadii ni qabaatu:

- 1) Qajeelfamicha irratti hubannoo ni uumu; barbaachisaa ta'ee bakka argametti leenjii ni kennu;

- 2) Calallii fi ramaddii gaggeeffamu irratti deeggarsaa fi hordoffii barbaachisaa ta'e ni taasisu; bakka haniqinni qunnametti furmaata barbaachisaa ta'e ni kennu;
- 3) Calallii dhimma ramaddii gaggeeffamu ilaalchisee ragaa qindeessuun ni qabatu; raawwii isaa ni gabaasu;
- 4) Koree Calaltuu Dhimma Ramaddii, Komii Keessumeessaa hundeeffaman ni deeggaru; ni hordofu; bakka hanqinni qunnametti akkaatuma barbachisumma isaatti qaamoota dhimmi ilaalu waliin qindoomuun furmaata ni kennu;
- 5) Kuusaa abbootii alangaa sakattaasisuun qulqullina kuusaa adda baasudhaan akka qophaa'u ni taasisu; ragaan qophaa'e qabatamaa fi sirrii ta'uu isaa Abbootiin Alangaa akka irratti waliigalanii mirkaneessan ni taasisu.
- 6) Calalliin ramaddii yeroo gaggeeffamu bakka hojii ni mijeessu; meeshaalee fi loojistiksii ramaddiif barbachisaa ta'an qophaa'anii akka dhiyaatan ni taasisu.
- 7) Dhimmoota humna koree calaltuu dhimma ramaddiitiin ol ta'an yeroo dhiyaataniif furmaata hatattamaa ni kennu; calalliin ramaddii yeroo qabamee keessatti akka xumuuramu hordoffii barbaachisaa ta'e ni taasisu; raawwii isaas ni gamagamu; calallii ramaddichaa ilaaluun yaada murtii koree waliin Gumii Waliigalaatiif yookiin Gumii Godinaatiif dhiyeessuun akka mirkanaa'u ni taasisu;
- 8) Koree Keessumeessaa Komiiitiin yaadni murtii dhiyaatu yeroo kaa'ameef keessatti Gumii dhimmi ilaaluuf dhiyaatee murtii akka argatu ni taasisu.

### **39. Hojii fi Itti Gaafatamummaa Gumii Waliigalaa**

- 1) Calallii Dhimma Ramaddii Abbootii Alangaa akka waliigalaatti raawwatamu irratti kallattii waliigalaa ni kenna; ni hordofa;
- 2) Raawwii Calallii Dhimma Ramaddii Abbootii Alangaa irratti yeroo yeroon gabaasa dhiyaatuuf ni gamaaggama; hanqinaalee mula'atan irratti sirreeffamni barbaachisaan akka taasifamuu kallattii ni kenna; raawwii isaa ni hordofu; ni to'ata;
- 3) Yaada murtii koree calaltuu dhimma ramaddii irraa dhihaate xiinxaluun ramaddii Abbootii Alangaa ni raawwata;
- 4) Komiiwwan ramaddii wajjiin walqabatee dhihaatuuf ilaaluun murtii ni kenna;
- 5) Abbootii Alangaa ramaddii dhaban koree olaanaaf dhiheessuun murtii akka argatu ni taasisa;

### **40. Hojiifi Itti Gaafatamummaa Gumii Godina**

- 1) Calallii Dhimma Ramaddii Abbootii Alangaa sadarkaa Aanaafi Magaalaatti raawwatamu irratti kallattii waliigalaa ni kenna; ni hordofa;

- 2) Raawwii Calallii Dhimma Ramaddii Abbootii Alangaa irratti yeroo yeroon gabaasa dhiyaatuuf ni gamaaggama; hanqinaalee mula'atan irratti sirreeffamni barbaachisaan akka taasifamuu kallattii ni kennu; raawwii isaa ni hordofa;
- 3) Yaada murtii koree calallii dhimma ramaddii irraa dhihaate xiinxaluun ramaddii Abbootii Alangaa Aanaafi Magaalaa ni raawwata; raawwii isaa Gumii Waliigalaatiif ni gabaasa;
- 4) Ramaddiin Abbootii Alangaa Godinaa akka raawwatamuuf qabxii raawwii Calallii Dhimma Ramaddii koree Calallii Dhimma Ramaddiitiin walitti qabame sirnaan qabuun yeroon Gumii Waliigalaatiif ni erga;
- 5) Komiiwwan ramaddii wajjiin walqabatee dhiyaatuufi sadarkaa isaatti furmaata argachuu qabu ilaaluun murtii ni kenna;
- 6) Abbootii Alangaa ramaddii dhaban kan jiran yoo ta'e Gumii Waliigalaatiif ni dhiyeessa.

#### **41. Dirqama Abbaa Alangaa Ramaddiif Dhiyaatu**

Abbaan Alangaa ramaddiif dhiyaatu kamiyyuu dirqamaa fi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata:

- 1) Ragaa barnootaa fi muuxannoo hojii seera qabeessa ta'e dhiyeessuu;
- 2) Yeroo taa'e keessatti ramaddiif galmaa'uuf dhiyaachuu;
- 3) Ulaagaawwan ramaddiidhaaf barbaachisaa ta'an guutee argamuu;
- 4) Ramaddiin Abbootii Alangaa karaa haqa qabeessa ta'eefi iftoomina qabuun akka raawwatamu tumsuu; gochoota kana gufachiisan irraa of qusachuu fi deeggarsa barbaachisaa ta'e hunda taasisuu.

#### **Kutaa Shan**

#### **Tumaalee Adda Addaa**

#### **42. Itti gaafatamummaa Ramaddiin Seeraan Ala Kenname Hordofsiisu**

- 1) Ramaddiin ragaa sobaa yookiin gocha gowwomsuutiin argame yeroo kamiyyuu ni haqama.
- 2) Abbaan alangaa ragaa sobaa dhiyeesse yookiin gocha gowwomsuu rawwatee fayyadamaa ramaddii yoo ta'e yookiin ta'uuf yaale naamusaafi yakkaan ni gaafatama.
- 3) Miseensi koree calaltuu dhimma ramaddii ragaa sobaa yookiin gocha gowwomsuu ta'uu isaa osoo beekuu dhimma ramaddii ragicha caalalee dhiyessee naamusaanis ta'ee yakkaan kan itti gaafatamu ta'a.

#### **43. Yeroo Turtii Qajeelfamichaa**



Qajeelfamni kun Dhimma Ramaddii Abbootii Alangaa si'a tokko gaggeeffamu qofaaf kan tajaajilu ta'a.

**44. Dirqama Deeggarsa Kennuu**

Namni kamiyyuu hojiirra oolmaa Qajeelfama kanaatiif deeggarsa kennuuf dirqama qaba.

**45. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Qajeelfmani yookiin barmaatileen hojii Qajeelfama kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Qajeelfama kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**46. Guyyaa Qajeelfamichi Hojiirra Itti Oolu**

Qajeelfamni kun guyyaa Gumii Waliigalaatiin ragga'e irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee,**

**Bitootessa 5, Bara 2011**

**Tashoomaa Girmaa**

**Abbaa Alangaa Waliigalaafi Walitti Qabaa Gumii Waliigalaa**